



Full Length Research Paper

Sabboonummaa Aadaa Akka Mil'uu Kaleessaatti: Walooma, Diddaa Aadaafi Ce'umsa Hawaasaa, Asoosamoota Oromoo Filataman Keessatti

Lachiisaa Fayyeeraa^{1*}, Ashannaafii Balaayi^{2fi} Ayyalaa Kabbadaa³

^{1fi}³ Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu, Yuunivarsitii Bulee Horaa; Imeelii:

lachisifayi2016@gmail.com; ayelegebede@yahoo.com, walduraa duubaan.

²Damee Barnoota Afaan Ingiliziifi ogbarruu, Yuunivarsitii Jimmaa; Imeelii: hireebirraa@gmail.com

Submission Date: July 19, 2023

Acceptance Date: December 19, 2023

Axareeraa

Kaayyoon qorannoo kanaa asoosamoota Oromoo filataman keessatti sabboonummaan aadaa akkamitti akka calaqqisu xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf mala qorannoo akkamtaan ragaaleen madda jalqabaa qabiyyee hafeef seenessama asoosamootaa (Godaannisa, Yoomi Laataa? Burreen Bifa Tokko Mitifi Dibaa)fi kan lammaffaa immoo ragaalee qabatamoo bu'uura yaaxxinaa qabaniifi dhimmoota siyaas-hawaasummaaf oolan dhimma itti ba'amaniiru. Ragaaleen iddatteessuu miticarraa-akkayyoon asoosamoota filataman irraa meeshaa funaansa ragaa sakatta'a dookimeentiin walitti qabamuun galumsa hafeen xiinxalaman. Xiinxalli taasifame Caayaa Yaaxxina 'Fakkoommii Dachee-Dubartii' kan bu'uureffate yoo ta'u, sabboonummaan aadaa dhiyaate asoosamoota keessatti waltarrummaa dhiiraa-dubartiifi namaa-lafaa, akkasumas, eenyummaa waloo Oromoo hangam akka mul'isu xiinxaluuf hojiirra ooleera. Argannoon qorannichaas asoosamoota filataman keessatti sabboonummaan aadaa mul'istuu 'nuyiifi isaanii'fi, moggeeffamuu eenyummaa Oromoos kan ittiin falmame ta'ee dhiyaatee jira. Karaa bira, dhiyaatinni sabboonummaa kun aadaa waloo tiksee dhaloota dhaalchisuu irratti kan fiulleffate ta'u adda baafameera. Dabalataanis xiinxala taasifameen sabboonummaan aadaa safiufi safiieffannaa namfakkiileen hordofaniin, carraaqqiwwan isaan dhugaa ganamaafi nagaas tiksufi taasisaniifi hariiroo akka malee (namaanamaafi, namaan-lafaa) safiun Oromoofi kan isarrraa gore mul'ifameera. Walumaagalatti, asoosamoonni filataman sabboonummaa aadaan kan ijaaramaniifi mil'uu duudhaa kaleessaa irratti hundaa'uun sabboonummaa kan qajeelchan yoo ta'an, raawwilee jilaan eenyummaa waloo ijaaruu, aadaa tursiisuu, falmii diddaa aadaa taasisuufi ce'umsa hawaasaa mirkaneessuu irratti kan xiyyeeffatan ta'u hubatameera. Arganno kanarrraa ka'uunis dhimmi sabboonummaa aadaa ogbarruu Oromoo keessatti dhiyaatu kallattii xiyyeeffannoo qorannoo akka ta'u qabu qorannoon kun akeekeera.

Jechoota Ijoo: Asoosamoota Oromoo, Dachee-Dubartii, diddaa aadaa, eenyummaa waloo, sabboonummaa aadaa

Cultural Nationalism as a Window to the Past: Harmony, Cultural Resistance, and Societal Transformation in Selected Oromoo Novels

Abstract

This study delves into the transformative power of cultural nationalism in Oromoo literature, examining its role in fostering collective consciousness, safeguarding collective identity, and propelling social and political change. The analysis focuses on four selected novels, Godaannisa, Yoomi Laataa? Burreen Bifa Tokko Miti, and Dibaa, employing the “Earth-Woman Symbolism” framework to explore the intertwining of man-woman and culture-nature dichotomies in strengthening cultural nationalism. The study reveals that cultural nationalism serves as a beacon for Oromoo, defining their “us” against external marginalization. It also acts as a custodian of collective identity, ensuring its transmission across generations. Cultural nationalism is embedded in character’s ethical stances, their pursuit of truth and peace, and their resistance to harmful societal structures. The narratives of the selected novels are constructed on a foundation of cultural nationalism, shaping the very essence of Oromoo identity. Key emphases include constructing a cohesive collective identity, ensuring the continuity of cultural heritage, invigorating cultural resistance, and promoting societal transformation through ritual practices. Building upon these findings, the study calls for further exploration into the diverse facets of cultural nationalism in Oromoo literature.

Keywords: *Oromo novels, Earth-Women, cultural resistance, collective identity, cultural nationalism*

1. Seensa

Sabboonummaafi ogbarruun walcina dagaaguu qofaa osoo hintaane, dhiibbaa kallattii walirratti fidu. Kanarraa kan ka’e qabsoon gurraachotaa Ardiilee Ameerikaa, Awurooppaafi Afrikaa keessatti taasifamaa turan diddaafi ogbaruu walitti fidee jira (Natalindawaa, 1997). Qabsoon gurraachotaa ogbarruudhaan Faransaayiifi Ameerikaa keessatti dhohe, Afrikaatti ce’uun sabboontota aadaan, afrikaa tokkoomte, Dhaabbata Gamtaa Afrikaa uume. Kanaafuu, qabsoon gurraachotaan eegaleefi sabboontotaan itti fufe tumsa aartiifi diddaa kolonii uumeera. Haalli kun ogbarruufi sabboonummaan hariiroo akka qabaatan taasissee jira.

Sabboonummaan aadaa dammaqinsa sabni tokko eenyummaa isaarratti qabu agarsiisa. Innis jirenya guyyuu hawaasaafi suressama eenyummaa hawaasaa ogbaruu keessatti calaqisuun dhihaachuu danda’aa. Qorannoon sabboonummaa kallattii jiruu guyyuu hawaasaan hojjataman akka agarsiisanitti “raawwileen aadaa” diddaa koloniifis sababa ta’uu agarsiisa. Gi’ooriin (2017) galumsa sabboonummaa Ispaanishummaafi Kataalanummaa qorateen, sabboonummaan Katalaan mootummaafi inistiyuutota isaan kan ijaarame osoo hintaane, raawwilee aadaa kan diddaan aadaa dhaleen ta’uu ragaa agarsiise. Kanaanis, Katalaan sadarkaa sabummaa (nationhood) mirkanoeffachuu danda’eera. Qoranno isaa kanaan raawwileen aadaa akka jila kormaan loluu (bull fighting), shubbisaafi ijaarsa mana aadaa tokkoon aadaa Katalaan ibsuu, karaa biraan tokkummaa sabichaa cimsuun mallattoo diddaa sabboonummaa Ispaanishummaa ta’ee tajaajileera. Haalli qabatama muuxannoo hawaasa guyyuu irraa sabboonummaa aadaa qorachuu kun haala diddaa aadaafi sabboonummaa aadaa kan waliin akeeku, karaa biraan gahee hawaasomsuu (socialization) qabaachuu agarsiisa. Raawwileen aadaa hawaasa tokko gurmeessuu eenyummaa waloo akka qabaatu taasisa, ijaarsa biyyaafis wiirtuu ta’aa. Sabboonummaan aadaa dhimma keessoo, jabaafi itti fufinsa qabaachuun hawaasa gurmeessuuf caala gargaara. Gurmaa’ina kanaaf immoo ‘hooggansa aadaa’tti (cultural hegemony) dhimma bahu ibsa. Hooggansi aadaa kun hawaasa tokko aadaa fudhachiisuu, Aadichi ijaarsa hawaasaafi diddaa kolonii taasisuudha. Galumsa ibsa isaa kanaan “olaantummaa aadaa” akka hintaane agarsiiseera.

Ogbarruu keessattis sabboonummaan aadaa eenyummaa hawaasa tokkoo calaqqisiisuuf gargaara. Ajahaan (2017) akkaataa sabboonummaan aadaa Asoosamoota Afrikaa keessatti itti calaqqisu qorateen waloomni hawaasummaa Afrikaa agarsiistuu eenyummaa ta'uu ibseera. Ijaarsa eenyummaa kana keessatti waloomni namaa-lafaas sabboonummaa koloniin boodaa keessatti mul'achuus agarsiisee jira. Namfakkiifi jaargocha asoosamaa keessatti gamtooma dhiiraafi dubartiifi waltumsa dubartootaa agarsiiseera. Karaa lafaatiinis, magalaa Abija yoop, kan wiirtuu Impaayerootaa turterraa gara magaalaa Koloniin boodaa Yopaawugoon keessatti eenyummaa waloo ijaarame agarsiisa. Kunis, hawaasummaan, dinagdeefi siyaasaan mul'ateera. Magaalaa koloniin boodaa (Yopaawugoon) keessatti dubbarreefi sabboonummaa haaraan, akkasumas finni duudhaa Afrikaa waloo wiirteffate, keessattuu sirni daldaalaafi jirenya gamtaa uumuuf hawaasa jirenya giddugaleessaa dinagdee koloneeffattootaa laaffise deebisee ijaaruuf dhimma itti bahamuu akeeka. Eenyummaa koloniin boodaa keessattis danqaan dhuunfaleessummaa darbuu akeekuufi hariroon dubartootaa cimaan rakkoo kana maksuuf akka gargaaru akeeka. Haadhummaafi dubartummaan Afrikaa dhaloota (ijoollee) guddisuuf gahee olaanaa qabaachuufi gaa'illi bu'uura maatiifi hawaasaa ta'uu akeeka.

Sabboonummaan aadaa karaa ittiin ofta'uun mul'atuudha (Inooreediya, 2017). Amaloota sabboonummaa aadaa keessaa tokko dammaqinsa uumuudha. Sabboonummaan aadaa adeemsa beekumsa eenyummaa ofii kan yaadrimee "nuyii"fi "isaanii" addabaasuuf gargaarudha. Inooreediyaan sabboonummaa Naayijeeriya kallattii seenaan qoratee akka guduunfaa isaa kaa'etti saboonni biyya Naayijeeriya har'aa uuman dhufaatii koloneeffattoon duratti aadaafi sirna bulchiinsaa qabaachuu akeekuun yaada Gootfiraayid Heerdar kan yaadrimee "*pre-linguistic man*" Afrikaanota duubatti hafummaan farraju yemmuu mormu yaadrimen "nuyiifi Isaan" jedhu dursee turuu akeeka (Inooreediya, 2017). Haalli kun sabni tokko dursee ofbeekuun warreen birooraa mallattoon ittiin addabahu jiraachuu qofaa osoo hintaane, karaa seenduubee isaa ittiin ibsuufi egeree isaa qajeelchu sabboonummaa ta'uu akeeka. Kanaaf, sabboonummaan akeektuu jiraachuu yaadrimee "nuyii"fi "Isaanii".

Sabboonummaan aadaa Oromoos kallattii hawaasummaanis ta'ee ogbarruunni nicalaqqisa. Sabboonummaan aadaa Oromoo eenyummaa Oromoo wiirteffata (Asafaa, 2012). Akka hayyuun kun ibsetti sabbonummaan aadaa Oromoo bu'uura sabboonummaa biroo ta'ee 'diddaa aadaafi Oromummaa' irraa dagaage. Akka balballoomsa isaatti, sabboontotni hacuuccaa jibban aadaafi eenyummaa uummataa eeguuf manaa baqatanii diinaan loluun uummata keessatti eenyummaa cimse. Eenyummaan barbaadamu immoo kan Oromummaati. Bu'uura kanaan aadaan waloomaa Oromoo birattis akkamitti akka mul'atu karaa sabboonummaa aadaan calaqqisa. Baay'isaan (1995) sabboonummaan aadaa tokkummaa Oromoo cimsun sabboonummaa siyasaa Oromootiif bu'uura ta'uu ibseera. Kallattii ogbarruunis sansaka namfakkiwwanirraa nimul'ata (Asafaa, 2009).

Qorannoo kanaafis ka'umsi asoosamoota Oromoo filataman keessatti akkaataa sabboonummaan aadaa itti calaqqisuufi amala agarsiisu dhiheessun ijaarsa eenyummaa saba tokkoo keessatti gahee qabu ibsuudha. Ogbarruun Oromoo, caalattuu asoosamoonni gahee saba ijaaruufi cunqursaa falmuuf akka hoolan qoranno ni akeku (Tashoomaa, 2013; Ayyalaa, 2022). Akka Tashoomaan karaa asoosama Hawwiifi namfakkii goobaangaleettii Hawwii duukaa bu'uun ibsetti Hawwiin amala namummaa (subjective) gonfachuun yeroo mana dhabeettii taatetti cunqursaa eenyummaa falmaa turté. Galumsa seenessa sanaan Hawwiin cunqursaa dubartummaa baqachuuf Finfinnee yeroo deemte afaan olaantummaa qabu dubbachuu dhabuu isheen itti kolfamuu falmiti. Falmii isheen "Afaan ishee dubbachuuufi biyya abbaa ishee" keessa jiraachuun akka hinqaanofne cimsitee falmite. Kun agarsiistuu sabboonummaa karaa namfakkiwwan asoosamaan mul'ateedha. Dhuma irratti Hawwiin aadaawwan keessummaa ta'anii ishee 'alagoomsan' ibsuun aadaa ishee ganamaa hawwiti. Kunagarsiistuu 'diddaa

aadaa' mul'ateedha. Haala walfakkaatuun Ayyalaan gahee 'falmii duudhaa guddicha Itoophiyaa' taasisuuf gaheen asoosamoota Oromoo cimaa ta'uun agarsiiseera. Kunis, karaa sadii ta'uun ibseen, tokko karaa seenaa olaantummaa qabuun seenessa (himtee) ukkaamsaa mormuu, lama qeenxummaa falmuun danooma yaadaa, afaaniifi yoomessaa leellisuuniifi sadaffaan ogbaruu barreffama qofa wiirteffatee duudhaffame irraa gara walsimsiisa afoolaafi barreffamaa qabaachuun mul'ateera. Kun akeeka sabboonummaa Oromoo sirna qeenxeefi olaantummaa aadaafi afaan tokko, walumaagalatti eenyummaa tokko leellisu mormuu asoosamoota Oromoo akeeka. Ega, amma qorattootni sakatta'anitti kallattiin sabboonummaa aadaa asoosamoota Oromoo keessatti maal akka fakkaatan qorannoong agarsiise waan hin jirreef qorannoong kanaan qaawwa guutuun barbaadame. Haala kanaan asoosamoonni Oromoo qabiyyeenis ta'ee seenessamaan sabboonummaa aadaa Oromoo akkamitti akka calaqisiisan agarsiisuuf yaadame.

2. Sabboonummaa Oromummaa

Yaadrimeewwan walfamsiisoofi hiikkoo addaaddaa qaban keessaa sabboonummaan isa tokkodha. Yaadrimeen isaa akka bal'atuuf yaaxxinoonni akka "primordialists, perennialists, ethno-symbolists, modernists and constructivists" hiikkoo garaagaraa akka qabaatu yemmuu taasisan, walxaxinsa isaaaf immoo yaadrimeen 'mootummaafi sabummaa' (state and nation) ijoodha (Inooreedyaa, 2017). Akka barreessaan kun balballoomsetti 'sabummaan' waa'ee hawaasa biyya tokkoo yookiin saba tokko kan ulaagaa sabummaa guutus ta'uun maluu ibsa. Akka inni yaada Leewis (1993) wabeeffachuuun barreessetti maalummaan hiikkoo sabummaa uummata afaan tokko, aadaa waloo, birmadummaa daangaafi bilisummaa siyaasaa qabuudha. Ismiiz (2009) gama isaan sabummaan seenaa waloo, aadaa waloo, afaaniifi eenyummaa akkasumas raagamtaa waloo qabaachuu uummata tokkooti. Dubarreewan sabboonummaa keessatti tokkummaafi birmadumma saba tokko keessa jiruuf beekamtii kennuu dhabuun madda falmii qofaa osoo hintaane diigumsa biyyaa yookiin falmii fottoquus uuma. Kanaafuu, sabboonummaan aadaa, afaanii, eenyummaa, lafa dhalootaafi biyya dhaloottaa jaalachuufi cunqursaa ruqoota kanneen irratti dhufe kamiyyuu falmuuti.

Sabboonummaan diddaa kolonii waliin dagaagus maddi isaa kolonii qofaa miti. Masaanummaan sabboonummaawan lama: saba hacuucameefi gita hacuucuu jidduu yoo jiraate diddaa dhala. Fakkeenyaaaf, beekamtii sabummaa dhabuun Kaatalanummaafi Ispaaneshummaa jidduutti masaanummaa dhalee jira (Gi'oorii, 2017). Sabboonummaan Oromoos gadiqabinsa eenyummaa Oromoo hooggantoota (elites) Absiniyyaa kan Itoophiyaa guddittifi Somaleen, Somaalee guddittii ijaaru itti dhufe waliin guddachuu qorattootni ibsanii jiru (Mahaammad, 1996). Akka hayyuun kun jedhutti, masaanuu lameen kunneen amantiifi aadaa isaanii Oromoorratti fe'uuf abbaluun sabboonummaa Oromoo cimse. Dhiibbaan eenyummaa qaamota kanaan gahe cimaa ta'us, maddi sabboonummaa Oromoo cunqursaa qofaatti hidhuun sirrii akka hintaane Tasfaayeen (2019) nifalma. Kunis, sabboonummaan Oromoo maddaan aadaafi Oromummaarraa ta'uun ibsa. Aadaan Oromoos madda sabboonummaa ta'uun qorannoong seenaa sabboonummaa Oromoo agarsiisee jira (Gammachuu, 1996; Asaffaan, 2007).

Gammachuun (1996) sabboonummaan Oromoo aadarraa madduufi "muuxannoont hawaasummaas" sababa ijoo ta'uun ibsa. Muuxannoont hawaasummaa kun bu'aa bahii cunquritootan hawaasicharra gahe ta'uudha. Kunis, duudhaa ta'uun karaa seenessamaa, afoolaafi himtee darbuun hawaasa ijaare. Asaffaan (2007) sabboonummaan Oromummaarraa madduufi aadaafi Oromummaan walijaaruu ibsa. Oromummaaf maddi aadaa ta'us, Oromummaan akka illeanya Oromootti gahee hooggansaa qaba. Lewiis (1996) gama isaatiin Oromoont eenyummaa isaa kan hindaganne ta'uufi sochiin barnoota ammayyaa tokkummaa Oromoof beekamtii kennuu dhugaa baha. Abbaas (2002) sabboonummaan Oromoo amantiwwan alaa dhufanirraa akka hin maddineefi dhiibbaan sabboonummaa balleessus akka

itti hindhufne ibsa. Oromoorn amantii garaagaraa qabaatee sabboonummaa isaa guddifachuu akeeka. Haallii kun mormii Tasfaayee (2019) sabboonummaan Oromoo aadaa wiirteffachuu ibsu cimsa.

Dabalataan, sabboonummaa Oromoof ka'umsi haala hawaasummaa Oromoos ta'uun qorattootni ibsanii jiru (Asafaa, 2012). Akka Asafaan jedhutti, sabboonummaan aadaa Oromoo diddaa aadaafi oromummaarraa dhufuu ibsa. Haala walfakkaatuun Baay'isaan (1995) aadaan Oromoo sabboonummaan hundee ta'uufi hawaasummaan Oromoo sirna barnootaafi mootummaa waliin dhufe karaa ta'uun rageessa. Mahaammad (1996) gulantaawwan hawaasummaa garaagaraan dagaaguu sabboonummaa Oromoo ibsa. Haala kanaan gulantaan jalqabaa namootni dhuunfaan akka Onesmoosiifi SheekBakirii Saphaloo dammaquun dhaloota barsiisuuf yeroo ka'aniidha. Barsiisa isaaniis gara barreeffamaatti fiduuf sirna barreeffamaan dhiheessuun dhaloota qaruuf ooleera. Gulantaan lammaffaan kan ijaarsaati. Yeroo kanatti ijaarsa Waldaa Walgargaarsa Maccaafi Tuulamaafi qabsoon qonnaan bultoota Baalee fakkeenya gaarii ta'aniiru. Dhimmoonni kunneen diddaa barattootaa 1960'ootaa waliin walciisun sabboonummaa Oromootti dhuka horuu ibsee jira. Akkasumas, tokkummaan Oromoo sochii gaarii akka qabaatu taasise. Gulantaan sadaffaan mootummaa ofii ijaarrachuuf sababa quubsaa dhiheessuu yeroo danda'ameedha. Jaarmiyaan siyaasaa Adda Bilisummaa Oromoo'n ijaaramee biyya "Oromiyaa" ijaarrachuuf yeroo kaayyeffatee hojjachaa tureefi daangaa biyyaa sararuun kufaatii mootummaa Dargiin boodas kan mirkaneessedha.

Makuriyaan (1996) gama isaatiin ijaarsa eenyummaa Oromootiif sabboonummaan Oromoo gulantaawwan afur keessa darbuu ibseera. Gulantaan jalqabaa dammaqinsa haayyota muraasaan maqaafi eenyummaa xuraawaa haayyota Itoophiyaan kennaeef falmuun yeroo eegaledha. Yeroo kanatti gaaffiin afaaniifi aadas turuu ibsee jira. Gulantaan lammaffaan Makuriyaan ibsu gaaffii afaaniifi aadaa dabalatee Impaayera Itoophiyaatti walqixxummaan hawaas-siyaasaas dhalateera. Gulantaan sadaffaan yeroo gurmaa'inaati. Kunis, ijaarsi akka Waldaa Walgargaarsa Maccaa-Tuulamaa, qabsaa qonnaan bultootaan walutubuu mul'ate. Gulantaan arfaffaan kaayyoo siyaasaa dhiheessuun ijaarsi waraanaafi siyaasaa yeroo dhugomedha. Kanaaf, sabboonummaan Oromoo maddaan cunqursaa ta'uun baatus, sababa isaan adeemsa keessa guddachaafi bilchaachaa dhufuu agarsiisa. Baayyisaa (1995) asdhuftee sabboonummaa Oromoo yeroo Oromoorn tokkummaan dirree Abbaa Muudaatti walargurraa jalqabuufi sabboonummaa ammayyaatiif immoo ijaaramni Waldaa Walgargaarsa Maccaa-Tuulamaa wiirtuu ta'uun ibsa. Dabalataan, sababa barnootaafi hojji mootummaaf walitti dhufeenyi hawaasa Oromoo karaa qajeelchuu ibsee jira. Walumaagalatti sabboonummaan Oromoo falmii cunqrsaa aadaafi eenyummaa waliin dagaaguu agarsiisa.

Sabboonummaan Oromummaafi 'sabboonummaa Itoophiyummaa jedhame' waliif masaanuu ta'uun har'a gahaniiru. Zahaarok (2018) danqaan sabboonummaa Itoophiyaa, sabboonummaa sabaa ta'uun ibsa. Sabboonummaan Itoophiyummaa injifannoowwan akka biyyaatti argaman kan akka injifannoo Aduwaa irratti ijaaramuufi akka Afrikaatti ijaarsa biyyaafi mootummaa dhugoomsuun beekamuu agarsiisa. Haata'umalee, imaammanni moototni Itoophiyaa akka H/Sillaasee itti dhimma baha turan walqixxummaa sabootaa akka hinuumne hindhoksine. Kanaafuu, injifannoon akka biyyaatti waloon argame jiraatus hanqina walqixxummaa dhabinsaan beekamtiin saboota hundaaf hinkennamne. Namni biraa sabboonummaa sabaa falmu Yaaredi. Yaared (2019) akka jedhutti sabboonummaan sabaa beeksisuuf xurreen Waalillinyi Mokonnin baase komachuun, danqaan ijaarsa biyyaa sabboonummaa Itoophiyummaa dhabuu ta'uun falma. Haata'umalee, faallaa kanaan sabboonummaan sabaa yeroo ammaa dagaagaa jira. Isaan kana keessaa sabboonummaan Oromoo, Oromummaa isa tokko.

Muuxannoo biyyoota biraarraa ka'uun sabboonummaa Oromoo yemmuu ibsinu, akkuma Kataalanummaa raawwii aadaafi diddaa aadaa qabaachuu akeeka. Maddaanis aadaan Oromoo wiirtuu ijaarsa isaati. Kana keessaa eenyummaa waloo Oromoo isa tokkoodha. Keessattuu sabboonummaan

Oromoo sirna Gadaa waliin hidhata qaba. Kun immoo walooma eenyummaa Oromoof wiirtuudha. Sabboonummaa saboota afrikaa biroo waliin waanti tokko taasisus eenyummaa waloo qabaachuuni. Sabboonummaa Oromoo waanti adda taasisu immoo haala kolonii keessooti. Oromoont maqaa Itoophiyaan biyyoota dhihaan hin koloneeffatamne jedhamtuuf sagalee dhabuun sabboonummaa isaas miidheera. Afrikaa keessatti hedduumina keessummeessn sabboonumma sabaa iddo kenuun mul'ateera. Fakkeenyaaf, sabboonummaan Naayijeeriyaafi saboota ishee fedhii bu'uura godhachuuun ijaaramuurraa dhufa (Ajahaa, 2017). Kan Oromoo garuu, kolonii keessoo kan humnaan “xuwwee tokkotti baksuu” qabu ta'uun diddaa dhale.

Walumaagalatti, sabboonummaan Oromoo aadaarraa madduun bara waliin immoo tarkaanfachaa dhufuu akeeka. Baayyisaan (1995) akka ibsetti, sabboonummaan Oromoo walitti dhufeeyna Oromoont jila Abbaa Muudaarratti taasisurraa kan eegalu ta'ee, hacuuccaan weerartootaafi carraa barnootaan hariiroon Oromoota baratanii gara sabboonummaa siyaasaa aangoo qabachuuf hidhannoон deeggaramuutti 1970 ce'eera. Asafaa (2012) gama isaatiin sabboonummaan aadaa Oromoo 'karaa dheeraa deemuu'fi sabboonummaa siyaasaaf riqaa ta'uu ibseera. Haalli cunqursaa saba Oromoo irratti ka'e tokkoon guddina sabboonummaa ariifachiise, karaa biraan haala ijaarsa biyyaafi mootummaaf xurree haaraa kaa'e. Abbaas (2002) akka jedhu, sabboonummaan Oromoo aadaarraa ka'uun "mil'uu kaleessaa", bara waliin tarkaanfachuuun kaayyoo biyyaafi saba bilisa uumuu immoo daandii ce'umsa hawaasaa, "raaga egeree" isaa ta'uu akeeka. Xiyyeefannoон qorannoo kanaas asoosamoota Oromoo filataman keessatti calaqqe sabboonummaan aadaa Oromoo agarsiisuudha.

3. Xinmalaafi Yaaxxina Qorannichaa

3.1 Malleen Qorannichaa

Qorannoон kun akaakuu qorannoo akkamtaa ta'ee, kaayyoo kana galmaan gahuuf mala ibsaatti dhimma bahameera. Saxaxni qorannoo ibsaa akkamtaa ta'ee, hafeewwan asoosamaa ragaa qorannoo kanaaf filataman ibsuuf gargaare. Kunis, karaa qabiyyeefi seenessamaan ta'ee, ragaaleen qorannichaa mala sakatta'a barruutiin walitti qabaman. Tooftaan iddatteessuu miti carraa-akkayyoo dhimma itti bahamee jira. Ragaalee kunneen akka kaayyoo qorannoo galmaan gahuuf mijatanitti mala galumsa hafeefi tooftaalee ogbarruu akka waldubbisaa (dialogism), firoomina hafee (intertextuality)fi teknikoota ogbarruu akka seenessuu, bakkabuusa (metaphor) aguugguu (metonymy)fi fakkoomii hordofuuн xiinxalaman. Akkasumas, namfakkiifi namfakkeessuun dhimma ijoo birooti. Asoosamoonni qorannoo kanaaf filatamanis, "Godaannisa", "Yoomi Laataa?", "Dibaa"fi "Burreen BifaTokko Mitii"dha. Isaan kunneen muuxannoo barreessitootaa, bara maxxansaafi qabiyyee asoosamootaan filataman. Haala kanaan hiikkoon ragaalee xiinxala galumsa hafee bu'uureffachuun ibsamaniiru.

3.2 Yaaxxina Qorannichaa: Yaaxxina Fakkoomii Dachee-Dubartii

Yaaxxinni 'Fakkoomii Dachee-Dubartii' yaaxxina xabboo aadaa Oromoo keessaa yayyabame ta'ee waraqaa ittiin guuttannaad digirii sadaffaa 'ogabruufi Fookloori' kan mataduree qorannoo 'sabboonummaa ogbarruu Oromoo' jedhamuun hojjatameef bu'uureffame. Waraqaa kana keessatti sabboonummaan aadaa Oromoo karaa dubartiifi dacheen akkamitti akka walqabatu ibsuuf gargaare. Sababni 'sabboonummaan aadaa' tokkoon mil'uu duudhaa aadaa kaleessaa asbaasuun haala hawaasummaa bara keessa jiraannuuf fulcha kaa'a. Karaa biraan durdummaa keessatti dhidhimee hafuurraa 'raaga egeree' uumuun bara waliin saba tarknaafachisa. Yaadni kun ibsa Abbaas (2002) "Oromo cultural nationalism as looking forward and looking backward" jedhu deeggara. Kanaanis, eenyummaa waloo Oromoo akekuufi ibsuun dammaqinsa waloo utuba. Aadaa Oromoo keessatti hariiroo akka namaafi uumama biraa jidduu jiru (namaa- namaafi namaafi uumama biroo) mirkaneessa. Hariiroo akka kanaan "waltarrummaafi walooma" ilmoo namaafi uumama biroo, keessattuu lafaafi saba jidduu jiru akeeka. Karaa biraan, walatarrummaan kallattii 'moggeeffamuu' saba hacuucamaan miidha

waloo dhiiraafi dubartii agarsiisa Haata'umalee, miidhama walqixxaataa jechuu miti. Sababni isaa, dubartootni dachaan yookaan harka sadii dhirotarra miidhamuu malu. Akka saba cunqurfamaatti garuu 'miidhama waloo' qabu. Miidhamni waloon kun immoo falmii 'waltarreen', tumsa waloon furama. Kanaafuu, yaaxxinni kun asoosamoota Oromoo filataman keessatti 'waloomnifi waltarrummaan' miidhaafi falmiin miidhaa namaa-nama, namaa-lafaan akkamitti akka mul'ataniifi sabboonummaa aadaa Oromoo agarsiisan ibsuuf gargaare. Kanaan Sabboonummaan Aadaafi Yaaxxinni Fakkoomii Dachee-Dubartii waldubbisa kallattii qabaachuu agarsiisa.

Hojiirra oolmaa isaan immoo yaaxxinni fakkoomii Dachee-Dubartii karaa sabboonummaan ogbarruun dhimma hariirotti xiyyeffata. Akka Asafaa (2020) ibsu hariiroon akkaafi akkamalee dhalli namaa uumama waliin qabuufi wal waliin qabu xiyyeffatama. Kunis, dacheen waantota lafa kanarratti uumama mara bakka bu'uun dhihaata. Kun immoo dhimma safuufi safeeffanna Oromoo ibsa. Akkasumas, karaa qabatamaa ta'een lafaafi itti fayyadama, lafaafi siyaas-hawaasummaa, seenaa, aadaan akkamitti akka walqabatu balballoomsa. Dacheen karaa lafaa qabatamaan mul'ata. Kallattii dubartiinis, mallattummaan hormaataafi haadhummaa karaa dubartummaan dhihaachuufi dhaloota akkamitti akka ibsu dhiheessa. Dhloonni sadii: lufe, ammaafi dhufu karaa fakkoomii dubartiin beekumsa aadaafi diddaa aadaafi siyaas-hawaasummaa akkamitti akka walirraa dhaalu akeeka. Walumaa galatti wiirtuun sabboonummaa Oromoo dhimma lafaafi namaa ta'uu akkamitti akka agarsiise dhiheessa.

4. Xiinxala Sabboonummaa Aadaa Asoosamoota Oromoo Filataman Keessatti

4.1 Sabboonummaa Aadaa Keessatti Calaqqe Waloomaa, "Nuyifi Isaanii"

Sabboonummaa aadaa keessatti yaadrimen "nuyii"fi "Isaanii" dammaqinsa saba tokkoo agarsiisa (Inooreediya, 2017). Qabiyyeefi seenessamni asoosamoota qorannoo kanaaf filatamaniis yaadrimee kana mul'isaniiru. Asoosama "Godaannisa" keessatti Abdiisaan Najjotti deebi'uun jala bultii sirba aadaa irratti yemmuu hirmaatu akka laayyootti garee sanatti makamuun hirmaachuu hindandeenye. Hirmaatees fedhii isaa galmaan gahachuu hindandeenye. Namfakkii xiyyeffataan yemmuu ija ramaddii tokkoffaan ibsu,

... sirbi ho'ee ture, ennaan achi geenyu. Yeroo dheeraaf Taarikuu waliin mogcaa gam-tokkoo dhaabadheen sirbaaf tapha daawwataa ture. Ijoollummaa kootti yeroo baay'ee cidha halkanii dhaquu baadheyyuu weedduu isaaniis ta'e ragadaa isaanii nan beeka... Garuu, itti makamuun akkan yaada salphaa naaf hintaane. Nan jaatanaawe. Nama na beekus ta'ee naman beeku tokkollee waan hinqabneef nan jaatanaawe. (Dhaabaa 2020, f. 88-89)

Galumsa seenessichaan Abdiisaan yaadannoo aadaa qabuufi haaloo jaalala (Wayinisheet) ibsachuu dadhabuu isaa bahuuf gara jila sirbaatti dhufe. Ta'us, aadaa kana sirnaan raawwachuu dhabuun isaa isa moggeesse. Moggeeffamuufi mogcaa dhaabachuu daawwachuu amala "warreen biroo" ta'uu agarsiisa. Kunis, aadaa hawaasa tokkoorraa fagaachuu mul'isa. Fagaachuun kun immoo Aadicha beekuu dhabuu yookiin tuffachuu, jibbuurraa dhufa. Haata'umalee, ofitti deebi'uun aadaafi eenyummaa ofii jaalachuu, simachuun ni danda'ama. Namni eenyummaa isaa jaalate, duudhaa kaleessaa isaatti deebi'e isaan jiraate sabboonummaa aadaa qabaachuu agarsiisa. Ofitti deebi'uun kun immoo fedhiifi muuxannoorraa eegala. Karaa ofitti ittiin deebi'an keessaa hawaasomsuufi raawwiin aadaa isa ijoodha. Kanaafuu, sabboonummaafi raawwii aadaa keessatti hawaasomsuun murteessaa ta'e (Gi'oorii, 2015). Raawwileen jilaa karaa hawaasni qaamota miseensa hawaasichaafi isaan ala jiran adda baasan ta'uus ni agarsiisa. Haata'umalee, namfakkiin goobaangaleessi kun (Abdiisaan) booda keessa itti madaquun hirmaataa ta'eera. Karaa sirnaan 'moggeessuufi moggeeffamuun" raawwii jilaa kanarratti gochaan waraanni Dargii raawwateen "warra biroo" ta'uun mul'ateera. Miidhaan namfakkii Cuuttaa irra gahe agarsiistuu kanaati (Dhaabaa, 2020, f. 100).

Asoosama “Burreen Bifa Tokkoo Miti” keessatti seenessamni ‘gumaa baasuu’fi ‘gumaa dhiigaan deebisuu’ maatii Balaachoofi Tolasaa jidduu ture yaadrimee “nuyii”fi “Isaan” jedhu agarsiisa. Maatiin Balaachoo tuffiin aadaa hawaasaa qabaniif sirna araaraa didan. Akka aadaa isaaniitti gumaan “ajjeechaa”n deebi’a. “Aadaa Gumaa Baasuu malee nyaachuu” hinqaban. Aadaa maatii Tolasaafi Nugusee Ganamoo keessatti immoo gumaan araaraan baha. Kanaafis, “hoolaan” qalamtee, jilli qophaa’ee sirnichi raawwate. Aadaa kana walirraa fudhachuu diduun yaadrimee “nuyi”fi “isaan” uuma. Asoosama kana keessatti karaa namfakkii xiyyeffataan yemmuu ibsamu, “Nuyi of beekna. Sirna Oromoo keessatti boojuun nimoggaafama. Kan Oromoorn moggaafate lammii Oromoo ta’aa, Oromummaa ijaara malee aadaafi duudhaa Oromoo dimshaashumaatti kan diigu hin turre....” (Gaaddisaa 2015, f.211). Barruun kun akka akeekutti diddaa aadaa garee lamaan keessatti mul’ateen ‘nuyii’fi “Isaan” kan jedhu mul’ateera. Kun immoo dammaqinsarrraa eenyummaa ofiifi kanneen biroo beekuu agarsiisa.

Haala walfakkaatuun mirri namfakkii goobaangaleettii asoosama kanaa, Ayyaantuun, “safuu cabuu” irratti qabdu qooddachuu irratti Tolasaafi Nuguseefi Bagidduu jidduu ture yaadrimee “Nuyi/isaan” agarsiisa. Yemmuu Bagidduu Ayyaantuun Finfinneetti fudhatee galu, Ayyaantuun “safuu cabee, gocha kana haa dhaabnu” jettullee Bagidduu “safuu, aadaa, qibixirsoo kee dhaabi” jechuun harkatti laaffisuun ormummaa Aadichaaf qabu mul’isa. Karaa biraa erga Bagidduu Tolasaan ajjeefamee Nuguseen yemmuu Ayyaantuun fudhatee galuuf jedhu, Ayyaantuun “ija biyyaatti” akka hin deemneefi iddoor namni ishee hin argine filatte. Kun kabaja safuu hawaasaati. Haala walfakkaatuun Tolasaanis, aadaan, safuu wabii isaanii ta’uu Ayyaantuun waliin irratti walii galaniiru. Kun walooma aadaa qabaachuu, duudhaafi sona waliin qooddatan qabaachuu akeeka. Akka Ismiiz (2009) jedhu, fakoomiin, duudhaafi sona waloo qabaachuun tokkummaa saba sanaa akeeka. Kun immoo yaadrimee “Nuyi” mirkaneessa. Sabboonummaan aadaa dammaqinsa uumuuf yaadrimee kana gabbisuu hafeen kun ni agarsiisa.

“Yoomi Laataa?” keessatti falmiin Waariyoofi Raas Geetahuun jidduu ture “nuyii”fi “Isaan” adda baaseera. Jalqaba Sintolinnaan eenyummaa ishee karaa moggaasa maqaan yemmuu ibsitu, miidhaa waloon maatiisheerra gaheefi diddaa taasisfames ibsite. Raas Geetahuunis, “Isin warra finciltoota” jechuun ibse. Waariyonis gama isaatiin eenyummaa Oromoorn isa dhugaa ibseen moggaasa maqaa, sirna aadaa, ogummaa Oromoorn jiruufi jirenya isaarratti qabu ibsuun yaadrimee “nuyi” agarsiiseera. Isaanis, “akkuma isin Gojjam, Gondar, Manzee...jettan” jechuun ibseera. Raas Geetawun erga maqaa Siintolinnaafi ilma ishee Sandaabaa maqaan baree booda gara Waariyootti garagaluun, “Waariyoo, ati afaan qottuu ni beekta mitii?” (f.24) jechuun gaafate. Waariyon immoo, “Afaan qottuu kan jedhamu hin jiru. Garuu, sirna nafxanyaatu oftuulummaa irraa ka’uudhaan akkas jedhee ittiin waama malee. Afaan Oromooti. Harargeen hojiin isaa qotee bulaa haata’umalee sanyiin isaa Oromoodha” jechuun deebiseef

Haala walfakkaatuun falmiin Bafirduuifi Sandaabaa jidduu ture agarsiistuu yaadrimee kanaati. “Isin maal gochuuf biyya keessan dhiistanii biyya keenya dhuftan?” gaaffiin jedhu addummaan jiraachuu akeeka. Asoosama “Dibaa” keessattis tarsiimoon qabsuu ture yaadrimee “nuyi” agarsiisa. Qabiyyee hafeetiinis, “Oromoorn uummata nagaa jaalatu ta’uu, kan qabsootti baase dirqama ta’uu, warreen “isaan” jedhaman hacuuccaa taasisuu” agarsiifameera (Yaasoo, 2015, f. 51).

Walumaagalatti, yaadrimeen ‘nuyii’fi ‘Isaan’ jedhu dammaqinsarrraa kan dhufuufi ofiifi qaamota biroo gadifageenyaan beekuurraa dhufa. Waa’ee ofiifi kanneen biroo beekuuun immoo aadaa beekuudha. Beekumsi aadaa sabboonummaa aadaa keessatti bu’ura. Aadaa ofii beekuu, jaalachuuifi tikfachuuun eenyummaa cimsa. Walooma saba aadaa waliin qooddatuu jabeessa. Haalli kun immoo akka waloon balaa itti dhufu ofirraa ittisan isaa taasisa. Haala kanaan ce’umsa hawaasummaafi siyaasaaf isaan qopheessa jechuudha.

4.2 Sabboonummaan Aadaa Akka Safuufi Safeeffannaatti: Gahee Raawwilee Aadaa

Beekumsa aadaa keessatti “safuun” iddo guddaa qaba. Safuun waanta gaariifi yaraa addabaasanii beekuuf gargaara (Gammachu, 1996). Ijaarsi seenaa asoosama “Burreen Bifa Tokko Miti” jedhu safuu hawaasaafi umaa cabu bu’uura godhata. Seenessama asoosamichaan akka dhihaatetti, Ayyaantuun dirqiin Balaachotti heerumuun, Tolasaan dharaan hanna harreen himatamee hidhamuun, dabaan adda waraanaatti isa erguu, Bagidduun haadha warraa abbaa isaa fuudhuun, Tolasaan Bagidduuffi Balaachoo ajjeesuun dhoksuun safuu cabeedha. Cabinsa safuun badinsi lubbuufi diiginsi maati uumame, maatiin Balaachoos gumaa dhaban, Ayyaantuun maatiifi jaalalleewwan ishee dhabde, Tolasaafi Nugusee jidduutti gumaan bahus, Tolasaan hidhamuuf dirqame. Dhimmoonni kunneen ‘buburrachuun’ hawaasa tokkoo waliigaltee dhabsiisuu akeeka. Haalli kun ogbarruun calaqfee aadaa saba tokkoo qofa osoohintaane, balaqqee(refraction) akka ta’u akeeka. Safuun Oromoof dhimma itti jiraataniifi ittiin jiraataniidha (Gammachu, 2005). Safuun hariroofi kabaja Oromoof uumamafi uumama waliin qabudha. Kanaaf, bu’urri isaa amala Oromoorraa eegamu ta’ee, waanta dhalli namaa hojjachuu qabuufi hinqabne akeeka. Kanarraa kan hubatamu, sabboonummaan aadaa ilaalcha amantii akka qabu agarsiisa. Kunis, akkaataa amantaa uummataatti namni waan gocha isaa waaqayyorraa argachuutti amana. Kanaaf, waan cubbuufi safuu ta’erraa ofqusata.

Lubbuun namaa bahu kun immoo hariroo namaafi uumaa gidduu diiga. Akka Dirribii (2016, f.66) jedhutti, “Yoo safuu cabsan cubbuu hojjatu, miidhaa fidu. Yeroo cubbuu hojjatan immoo Waaqni fuula isaa nama irraa garagalchata. Waaqni fuula nama irraa garagalfate jechuun ‘Ayyaana’ dhabuudha. Wanna Ayyaana hinqabne immoo balaatu irra gaha. Kanaaf, uumamni martuu safuu eeggachuu qaba. Namni safuu cabse fuula uumaa durattis yakki isaa isa adabiisa. Kanarraa kan ka’e namni nama ajjeese namarraa adda bahee, qaamaan xuraahee jiraata. Haata’umalee, namni harki isaa dhiiga qabu amanee yoo gochichatti gaabbe dhiifama ni argata.

Asoosama kana keessattis namfakkiin goobaangaleessi, Tolasaan, Nugusee ajjeesuun harki isaa dhiige, yakka ta’uu isaa amanee gumaa baase. Gumaa baasuu isaatiinis maatiin lamaan walitti fayyan. Faallaa kanaa sababa gumaan Balaachoofti Bagidduun hinbaaneef maatii Tolasaafi Balaachoo gidduutti haaloofi jibbi itti fufe. Ka’umsi rakkoo kanaa garee kana lamaan jidduu walooma dhabame agarsiisa.

Safeeffannaan hiriirroo uumamaafi uumaa, uumamaafi uumamaa agarsiisa. Ayyaantuun niitii abbaafi ilmaa ta’uun aadmalee ta’uufi safuun biyyaafi uumaa cabuu ibsite. “Ana kan na jeeqe niitii abbaafi ilmaa ta’uu kiyya” jechuun Bagidduun akka gocha isaa dhaabu kadhatte. Bagidduun garuu yaada ishee kana fudhachuu hindandeenye. Itti fufunis, “Maal taate Bagidduu? Ati bar ilma abbaa manaa kooti. Umriin koo gahee si dahuu baadhus atti ilma kooti bari. Kan har’aa kanaa qofaa hinilaaliin. Rakkoo kana caalu yoo dhufe gaabbiitu dhufaa beeki” (f.128). Ayyaantuun safuun biyyaa cabuu hubachuun ishee beekumsa yaraafi gaarii itti adda baasan ta’uu agarsiisa. Haala kanaan dubartiin akka mallattoo eegumsa aadaatti dhihaachuu mul’isa. Kun afuurummaafi bilcha aadaa dubartii agarsiisa.

Kanaafuu, sabboonummaan aadaa kun kan keessoo ta’uufi rakkoo keessatti illee akka baduu hindandeenye agarsiisa (Gaan, 2018). Karaan ittiin rakkoo keessaan bahanis sabboonummaa kanaani. Innis dhimma keessooti. Amalli callisummaa sabboonummaa aadaa akka anniisaa kuufamaati (Ismiiz, 2009). Tasfaayee (2019) akka jedhutti sabboonummaan aadaa Oromoos amala callisaa kan qabuufi yeroo afaan, aadaafi eenyummaa isaarratti balaan dhufu callisni isaaas dhohuu ibseera. Bu’uura kanaan Oromoof karaa sabboonummaa isaan aadaafi eenyummaa isaa tikfachuun tokkummaa isaa eegee Oromummaa tursiise.

Safuun lafaafi dubartii eegamu waltarree mul'ateera. Dhimmi lafa Obboo Ganamoofi Ayyaantuu waltarree dhihaate. Haaloon lafa dhabuus karaa dubartii bahe. Kun walooma namaa-lafaa Oromoofi xiyyeffannoo Yaaxxina Fakkoomii Dachee-Dubartii mirkaneessa. Kunis, karaa seenaa, aadaa, hawaasummaafi siyaasaan dhiibbaan dubartii kan dhalootaa ta'u, kan dachee immoo saaminsa lafaafi moggeeffamuu beekumsa hawaasichi lafa sanarratti horateeti. Nigoohi (2016) akka jedhutti, sabni hacuucamaan dhiiraafi dubartii moggeeffama. Haata'umalee, dachaan miidhamuun dubartootaa sabuma hacuucamaa keessattis mul'ateera. Kallattii moggeeffamootaan Ganamoo, Nugusee, Tolasaa, Obbo Bariifi Ayyaantuun yemmuu mul'atan, Kanneen olaantummaa qaban Balaachoofi maatii isaati. Kanaafuu, Ayyaantuun dhiirota maraan osoo hintaane, kanneen olaantummaa qabaniin (hegemonic) dhaan miidhamte. Miidhamni kun dhiirota moggeeffamanis qaqqabeera.

Seenessamni asoosama kanaa hariroo aadaafi seenaatiin yemmuu ilaallu, asoosamichi sirna Mootii Gonfoo H/Sillaasee gara dhumaan hanga kufaatii Dargiitti kan seenessuudha. Sirna Mootii H/Sillaasee keessatti Abbaan lafaa qabeenya kan saamu qofaa osoo hin taane, aadaafi eenyummaas sarbaa ture (Mahammed, 2009). Sirni abbaa lafaa kun aadaa cabsee, mirga sarbee hawaasa akka barbaade gochuun dhiiba. Obboo Bariis qote bulaa harka qalleessa ta'uun isaa *baallabbaaticha* ofirraa ittisuudhaa jaarsa wagga jaatamaatti intala isaa, Ayyaantuun, kennuun kanuma agarsiisa (Gaaddisaa, 2015, f. 8. Kanamalees, isas ta'ee Tolasaan sisoo abbaa lafaarraa argachaa akka turan yemmuu ibsu, "... oomisha argamtu keessaa tokko safaratee ofiif harka lama fudhata..." (f.16). Lafa ofii qotee moototaaf kennuunis ta'ee, dirqamaan intala isaa *baalabbaatichatti* heerumsiisuun sarbama kana ibsa. Haalli dirqisiifamuu Ayyaantuun kun dhimma dhalootaa ibsa. Ayyaantuun qaamota afur jiddutti bubbatumuu tokkoon dhaloota sirnoota garaagaraa keessa sarbamaa ture, karaa biraa lafa isaa (dachee-Oromiyaa) saamamaa ture akeeka. Gabrummaan namaa-lafaa 'waltarree' haala kanaan dhufe. Ta'us, moggeeffamuu fi miidhamuun dubartii dachaan waan ta'eef, waloomaafi waltarrummaan falmuun barbaachisaa ta'a.

Hafeewwan oliirraa kan hubatamu saamicha qabeenya qofaa osoo hin taane dhiibamuufi tuffiin aadaa ummata irrattis kan dhufe sababa koloniitiini. Saaminsa lafaafi sarbinsaaf immoo deebiin kennname diddaadha. Diddaan kun aadaafi eenyummaa ofii ittisuudha. Diddaan aadaa kun sabboonummaaf hundee ta'eera (Asafaa, 2012). Gadoon Ganamoofi Balaachoo giddutti dhalates haaluma kanaan gara dhaloota itti aanutti ce'e. Ayyaantuunis dhiibbaa kana keessatti miidhamte. Seenessamni sarbamaafi saaminsa Oromiyaafi Oromoorn sirnoota darbaa dabarsaa akeeke. Karaa namfakkii Ayyaantuun, Tolasaa, Obboo Ganamoofi Obboo Bariirras dhiibbaa gabrummaa kanaatu mul'ata.

Cuqursaan abbaa ilmootti darbe kunis sirreffamuu akka qabu karaa waliin dubbii Ayyaantuufi Bagidduun seenessaan agarsiiseera. Kunis agarsiistuu diddaa aadaati. Bagidduun cubbuu isaafi abbaa isaa waldorgomiisuun yoo falmu, Ayyaantuun immoo, "Abbaan kee safuu biyyaa cabsuun isaa akkamiin safuu cabsuu kee sirreessa?" jechuun gaafatti. Haalli kun sirni cunqursaan abbaa gara ilmaaniitti dhaalamaa dhufuu saaxila. Cunqursaan aadaas akkanumaan itti fufe, diddaan aadaan walumaan dagaage.

Haala kanaan, Ayyaantuun fedhii abbaafi ilmaa haadha warrummaan galmaan gahuu akka hindandeenye falmiti. "Waanti guddaan fedhii guuttachuu qofaa miti. Aadaafi safuu cabsuun keenya akkamitti ilaalta? Namni maal naan jedhanii hinbeekne namummaan isaa akkami? Safuu biyyatiin ala jiraachuu nidandeenyaa? Waa'ee aadaa kana ati maaliif bash goota?" (Gaaddisaa, 2015, f.130). Kunis, safuufi aadaan biyyaa cimaa ta'uufi diiginsi isaa immoo badii qabaachuu agarsiisa. Haala kanaan warri aadaa cabsan du'aan dhabamsiisananii jiru. Kun diddaan aadaa ogbarruu Oromo keessattis ijaaramuu agarsiisa. Kun sabboonummaaf bu'uura.

Sabboonummaan amala callisummaa qaba (Tasfaayee, 2019). Callisaan booda humni anniisaa keessoo obsa fixxannaafi karaa nagaan yaaluu erga dhumeed gara humnatti gargaaramutti dhufa. Tolasaan Bagidduu irratti tarkaanfii fudhachuu diddaa kana mul'isa. Haala walfakkaatuun Nuguseen Balachoo dhabamsiisuu danda'eera. Kanaaf, tarkaanfiin kunneen kan sabboontotni eenyummaafi aadaa isaanii tiksuum fudhataniidha. Akka Asabeefi Taaddasaan (2018) galumsa nagaan Gujii keessatti yaadromeessan "Nagaan tola hinargamu". Kanaaf, toofaan ittisaa humnaa kun fudhatame.

Dhuma irratti akka seenessa asoosamichaarraa hubatamu, Tolasaafi Nuguseen sirna araaraa Gumaan xumuratan. Haata'umalee, erga gumaan sun bahees, Tolasaan bilisa ba'uu dadhabuun mana hidhaa keessa ture. Galumsi seenessama kanaa sirna Adda Diimookiraatawaa Warraaksaa Uummattoota Itoophiyaa/ Adda Bilisa Baasaa Uummata Tigiraayi (ADWUI/ABUT) keessatti waanta heeraafi seera irra kaa'ame gara hojiitti hiikamuu hankaakuu agarsiisa. Kunis, erga qabsoo sabootaan mootiin Gonfoos ta'ee, Dargii Juntaan kufee sirni sabdaneessi danooma afaaniifi aadaa keessummeessu mootummaa ce'umsaa bara 1991'n booda uumameen argameera. Haata'umalee, olaantummaa jaarmiyaa ABUT'n heerriifi seerri sabootaaf kennae naafa ta'eera. Hafeen ogbarruu kunis kanuma saaxila. Tolasaan akka aadaa Oromootti gumaan Nugusee baasullee mana hidhaatti hafuu yakka tokkoof lama adabamuudha. Kun tokkoon guutummaatti karaa aadaan yookaan sabboonummaa aadaan rakkoo hiikkachuu hanqachuu uummataa saaxile, karaa biraa biyya tokko keessatti "eenyummaa garaagaraa walballeessu" dhiibbaa fiduu agarsiisuufi. Mararaan (2003) illeenyawwan gosogaloomsuu Amaaraafi falmiin Oromoo "abjuwwan walitti bu'an" ta'uu ibseera. Sirnoonni Moototaafi abbaa irree dhorkitoota, kan ABUT immoo "naafa" ta'uu hafeefi seenessi kun agarsiiseera.

Walumaagalatti safuufi safeeffannaan aadaa Oromoo dhimma eenyummaa isaati. Eenyummaan isaas safuun safarama. Hariiroon walii waliiniifi Oromoofi hollaa isaas safuun masakama. Raawwiin safuu immoo jila aadaan raawwata. Isa keessaa sirni araaraa tokko ta'uun mul'ateera. Karaa safeeffannaan ofummaan kan mul'atu qofaa osoo hintaane, calaqqee sabboonummaa aadaas ta'uu akeeka.

4.3 Raawwilee Jilaa Akka Calaqqee Sabboonummaa Aad-hawaasaa, Madda Dammaqinsaafi Ce'umsatti

Asoosamoota qorannoo kanaaf filataman keessatti raawwileen jilaa sabboonummaa calaqqisiisuufi jabeessuuuf, diddaa aadaa agarsiisuuf qooda qabaachuun nimul'ata. Jilli maqabaasaa ijoollee Yaadannoo: Alkitiliifi Alkumaa, tuuta hawwisoo Oromoo (Wallaggaa)fi sirna Buttaa Innaangoo (Yoomi Laataa?), sirni araaraa Gumaa (Burreen Bifa Tokko Miti), sirba jala bulti dubra baranee (Godaannisa) keessatti mul'ateera. Jiloonni kunneen aadaa calaqqisiisuuf, waantota aadaa faallessan mormuu, dammaqinsa umuun gara ce'umsa sabboonummaa siyaasaatti taasisuuf karaa bananiiru.

"Yoomi Laataa?" keessatti Waariyoon jila aadaa maqbaasa Booranaan qopheessuun Alkitiliifi Alkumaaf maqaa moggaase. Jila sana irratti Raas Geetawun inaaffaan guutamee argamuun dhabus, Giiftii Liidiyan argamuun mormii moggaasa maqaa kanaa ibsuun maqaalee biroo isaaniif mijatu moggaasaniiru. Akka seenessaa xiyyeffataan dhiheessetti Raas Getawun dhukkubaaf osoo hintaane, inaaffaan gubachuun haadha warraa isaa biraa hafe. Jila kana irratti Waariyoon jamaa argameef maqaan Alkitiliifi Alkumaan moggaaffamuu yemmuu ibsu, Giiftii Liidiyan garuu nifalman. Maqaan moggaafame kanas yemmuu falman,

Ayii! Taaxiboo ciqaa! Ati ammallee hin qaroomne! Ijoollee babbareedoo kana fakkaatan maqaa fokkisaa akkasiitti moggaastaa? Lakkii maqaan isaanii kana hinta'u. Kaffaaleefi Dubbaalee ykn Caarewufi Shaarawu ykn Naadewufi Naaxewu ykn Laxxaargeefi Tsaxxaargee, ykn Andaargeefi Addaafiree ykn Fallaqaafi Zallaqaa ykn Asmaarefi Amaaree ykn Ashabbiriifi Amberbir. Ani gama kootiin Asmaareefi Amaaree jedheera (Isaayyaas, 2010, f. 64-65)

Akka hafeen kunagarsiisu karaa raawwii aadaan diddaan aadaa argarsiifamee jira. Soda Giiftii Liidiyaaf hirmaattotni jilichaa harka ruktuun mirkaneessanis maqaan Alkumaafi Alkitil Waariyoo, Sintolinnaafi Sandabaaf raggaasifameera. Humni walgitu isaan jidduu waan hinjirreef “callisaan” gochaa egeree sabaafolu raawwatan. Kun amala sabboonummaa aadaa mul’isa. Karaa bira, diddaan aadaa karaa jila gubbisaa kanaan agarsiifame itti fufsiisa aadaa qofaa osoo hintaane, dhaloota dammaqee egereef ce’umsa hawaasaa fidu qopheessuudha. Tooftaan kun rakkoo keessa jiru dandamachuun diddaa keessoo itti fufsiisuu mul’isa. Gareen bara qabu immoo karaa ifaan morma. Kanaafuu, garee olaantummaa qabu (hegemonic group) dhiiraan qofa osoohintaane, dubartiidhaanis mul’achuun akeektuu ‘waltarrummaafi waloomaa’ qorannoo kanaa dhugoomsa. Kunis, hariroon irraa jalummaa waan jiruufi. Gareen kun faallaa sabboonummaa Oromoo aadaafii maqaan liqimsuu/gosagaloommii Amaaraan itti fe’ame karaa Giiftii Liidiya kennameef danqaa mul’atudha. Kaayyoona isaanii eenyummaa isaanii (Waariyoo) dagachiisuun kan isaanii (Liidiya) gonfachiisuuf yaalii taasisa. Falmiin eenyummaa Oromoo sabboonummaa handhuura godhachuun kan dhihaatuufis diddaa eenyummaati. Haalli tooftaa liqimsuu karaa Giiftii Liidiyaafi diddaan aadaa karaa Waariyoofi maatii isaan dhihaate, ukkaamsaa aadaa Oromoo karaa labsiin sirna moototaa keessatti mul’achaa ture agarsiisa. Karaa Waariyon, dhalataa Oromoo Booranaan, dhihachuun hafteen hambaa aadaa Oromoo akka sirna Gadaa gara Kibbaatti (Booranaafi Gujii) hafuu akeekuufi.

Diddaan aadaa karaa moggaasa maqaa Sandabaanis mul’ateera. Waariyoofi Sintolinnaan karaa ifaan moggaasa maqaa Sandabaanis kan Raas Geetawun H/Giyoorgisitti jijiiraniif falmuus baatan, maqaa Sandabaanis ofhindaganne. Karaa seenessaa yaadni namfakkii goobangaleessa kanaa yemmuu ibsamu, “Maqaan abbaan koo naa moggaase gaariidha. Mallattoo eenyummaa koo dhiisee kan ormaa waamamuu hinfedhu. Oromoo irraa dhalachuun koo naboonsa malee nan qaanessu” (f.66) jechuun isaa ka’umsi jabina eenyummaa isaa sabboonummaa aadaa ta’uudha. Haala kanaan Sandabaan ijoollees isaaf (karaa Waariyoo) maqaa Oromoo moggaasuufi maqaa ganamaa isaatti boona, haalaan afaan abbaafi haadha isaa beekuufi dubbachuutti gammada. Haalli kun ce’umsa hawaasummaa uumame agarsiisa. Kanaafuu, dammaqinsi diddaa aadaan argamuus akeeka. Seenessaa xiyyeffataan yaada namfakkii Sandabaanis kan inni hidhaa gabrummaa cabsuufi tokkummaa Oromoo mirkaneessuuf qabus dhiheesseera (Isaayyaas, 2010, f.66). Kunis ce’umsa sabboonummaa aadaa gara siyaasaatti taasifamuudha. Sabboontotni dammaqinsa qaban beekumsa aadaarraa gara sochii siyaasaa kan birmadummaa biyyaafi aangoo siyaasaa gonfachuutti taasisu. Namfakkiin goobaangaleessi kun dursa sabboonummaa aadaa gonfateen dammaqinsa siyaasaa kan eenyummaa ofiin biyya ijaaru (Oromoofi Oromiyaa) qabaachuu danda’eera.

Haala walfakkaatuun hundeffamniifi gochaaleen “Tuuta Hawwisoo Wallaggaa” dammaqinsa siyaasaa fiduufi ce’umsa gara qabsoo siyaasaatti taasifamuuf gamaacheera, eenyummaa waloo Oromoo agarsiiseera. Keessattuu gaheen geerarsaafi sirboota aadaa qabiyyewwan siyaasaafi aadaa walhunachiisuun qindaa’e uummata bal’aa dammaqsee jira. Namfakkiin dammaqinsa qabu, Eeliyaas, miseensa ‘Koree Aadaa Wallaggaa’ ta’uun caala kaayyoo dachaa qabatee akka socho’u taasise. Kunis, karaa tokkoon “guddina aadaa” yemmuu ta’u, galmi isaa immoo “dammaqinsa siyaasaa” akka uummanni qabaatu taasisuudha. Diddaan aadaa karaa sirboota tuuta hawwisoon dhihaate waldhageettiifi dammaqinsa waloos uumeera. Xiyyeffannoona qabiyyee sirbootaas “Oromooon eenyummaa waloo qabaachuu uummata birmaduu ta’uu, ammas birmadummaa barbaaduu” akeeka. Kaayyoona sabboonummaa aadaas eenyummaa kaleessaa ibsuun hawaasichi waloon akka dammaqu taasisuudha. Yaadni Abbaas (2002) sabboonummaan aadaa mil’uu kaleessaa ta’uu ibsu mirkaneessa.

Geerarsa uummataaf dhihaate keessaa tokko kan Ifinash Qanno yemmuu ta’u qabiyyeen geerarsa ishee quuqamni keessoo Oromoo cimaa ta’uu, quuqqaa kanas qabsoo uummataa dabalatee abdi waaqayyoona

taasifachuu dabarsiti. Kun amantaa uummatichaa, waaqatti abdii godhachuu kan akeekudha. Geerarsi kun dubbiawan haalaan kan ijaaramaniidha. Kun karaa dhoksaa ta'een ergaa siyaasaa dabarsuuf akka mijatuufi. Afoola beekuufi itti fayyadamuun sabboonummaa aadaa cimaadha. Egaa, haala diddaa aadaan ijaarameen eenyummaa waloo Oromoo Sirna Mootii Gonfoo H/Sillaaseefi Dargii balleessuuf abjootu qolachuufidha. Kanaan afoola dabalatee raawwiin aadaa karaa falmiin cunqursaa ittiin darbaa ture ta'u akeeka.

Seena qabatamaa xiyyeffannaalaan (external focalization) seenessaan dhiheesserraakka hubatamitti bara 1969 tti koreen aadaa sabboontota Oromoone hundeeffaman galma tiyatira biyyalessaa (Finfinnee) keessatti tapha aadaa Oromoo namoota Arsii, Harargee, Illuu Abbaa Booraa, Shawaafi Wallaggaa walitti dhufaniif guyyaa lamaaf dhihaate (Isaayyaas, 2010, f.114). Haalli kun dammaqinsa nama dhuunfaafi garee uumuun gara ce'umsa tokkummaa Oromootti fiduuf gargaaruusaati. Seenessaanis xiyyeffannaan yemmuu ibsu, "Sagantaan kun Oromoota kutaa biyyoota garagaraa kan walitti fide sagantaa seenaqabeessa. Tuutni Hawwiso Aadaa Wallaggaa kaayyoo kanaaf kan hundeeffame bara 1969 kana ture" (f.115) jechuun kaayyoo sabboonummaa aadaa kanaa agarsiise.

Tuuta Hawwiso Naqamtetti hundeeffame qofaa osoo hintaane, Tuutni Hawwiso Aduu Birraa Oromiyaa Bahaarraa gara Oromiyaa Dhihaa (Naqamte) dhufuun dammaqinsa uumanii. Kun mallattoo tokkummaa Oromoo mirkaneessuuf taasifameedha. Qabiyyeewan weelluus ka'umsa aadaa godhachuu diddaa cunqursaa falmuuf dhihaatan. Weelluun Gaaddisaa Abdullaahiin dhihaate keessatti buufatni jalqabaa dhimma aadaa ibsa.

Qeerroo mataa tuutaa hinjerjartu suutaa
 Utuu aadaa qabnuu aadaa keenya dhabnee
 Utuu afaan qabnuu afaan keenya dhabnee
 Utuu biyya qabnuu biyya keenya dhabnee
 Akka baala mukaa gargar facaane.
 Aduun takka dhiitee takkas nuu bariitee
 Kan akka keenya hinjiruu kan gabrummaan miite
 Ji'i guyyaa hinbahuu halkan guyyaa hintahuu
 Ilmi abbaa cunqursaa waa fira nuun tahu (f.136).

Weellu olii keessatti qabxii murteessoon ka'an Oromoone "aadaa, afaaniifi biyya" ofii qabaatus abbummaa itti dhabuu ibsa. Kun immoo gabrummaa jiruufi jirenya hawaasaa balleessu ta'u agarsiisa. Sabni gabroome immoo boqonnaa kan hinqabne, hojjatee kan hinfayyadamne, jiruu isaa rakkoon dabarsuu balballoomsa. Eenyummaa kun kan dhabamu immoo yeroo sabichi gabroomee, gabrummaa kanas ofiraa facciisuuf dhimmoota garaagaran faffaca'ee galma yaade gahuu dadhabuudha. Tokkummaa dhabuun kun gabrummaa abbaa-ilmo dhala. Kanaan sabboonummaa aadaaf 'waloomni' murteessaa ta'u akeeka. Gabroomfataan immoo kan namaa hilu waan hintaaneef, halkanii-guyyaa carraaquu barbaachisa. Bilisummaan barbaadamus biyya ofiitti abbaa ta'u, aadaafi afaan ofii guddisu malee qaama biraaf yaaddoo miti. Kanaaf, qabiyyeen sirba kanaa dursa aadaafi afaan, sarbame deeffachuu akeeka. Qaamni qabsuu taasisu, immoo hiika aadaan 'qeerroo' ta'uufi mallattoon isaanii "mataa tuutaa" jechuun haala qabannaa rifeensaan ibse. Gareen qabsuu taasisu kun duruu aadaa Oromoone ibsamaa turuus saaxila. Kanaan booda biyya ofii mirkaneeffachuudha. Birmadummaan kun immoo tokkummaan argamuu akeeka. Haala kanarraa kan hubatamu dursa sabboonumman aadaa jiraachuufi achirraas dammaqinsi dhufuudha. Sabboonummaan haala kanaan uumamu kan siyaasaafi ijaarsa biyyaafi sirna mootummaaf kan abbaludha. Sabboonummaan aadaa ijaaraafi ceesisaadha.

Haala walfakkaatuun "Godaannisa" keessatti 'jala bultiin sirba aadaa' kan shamarran baranee (heerumaaf qophaa'aniin dhaabbatamu) dammaqinsa uumuu agarsiisa. Namfakkii goobaangaleessi (Abdiisaa) barataa Yuunivarsiitii Haramaya ta'ee wagga tokkoon booda gara Najjootti deebi'uun jala

bulti sirba aadaa shamarran baranee irratti hirmaachuun (f.88) “ofitti deebi’uu” “sabboonummaa aadaarraa” eegaluu sabboontotaa agarsiisa.

Jilli cimaan calaqqee sabboonummaa aadaa ta’efi ce’umsa gara sabboonummaa siyaasaatti taasifamuuf haala mijeesse jila buttaa Innaangooti (Isaayyaas, 2010, f. 149). Jilli kun diddaa aadaafi ce’umsa hawaasummaa fideeera. Seenessaan seenaa dhugaafi kalaqa walkeessa fayyadamuun dhiheesseen jilichi tokkummaa hawaasaa cimsuu, dammaqinsa uumuufi ce’umsas ta’eera. ‘Sirni Buttaa’ bara 1974 Minilikiin dhorkame bara 1970 deebi’ee raawwate. Yeroon kun immoo yeroo Addi Bilisummaa Uummata Oromoo ijaarsa cimaa keessa seenedha. Isaafis bu’ura kan ta’etu jira. Akka ibsa Baayyisaa (1995) fi Asafaa (2012) sabbonummaan Oromoo ammayyaa hundeffama Waldaa Walgargaarsa Maccaafi Tuulamaafi jaarmiyaan siyaasaa Oromoo jalqabaa Adda Bilisummaa Oromoo’n yeroo itti hundee jaboeffataniidha. Yeroo kanatti dhaabbileen siyaasaa garaagaraa Dargiin walfaalleessan akka *I.Ci.A.Ti* kan jiran ta’ee, namfakkiin goobangaleessi “Yoomi Laataa?” (Sandaabaan) miseensaafi qondaala ta’een qopheeffame. Buttaan Innaangootti qophaa’e waggoota hedduun booda yemmuu ta’u, kaayyoon isaa Sirna Gadaa addaan cite ture haaromsuun sirna baallii walirraa fuudhoo raawwachudu (f. 150). Kaayyoon guddaan seenessa kanaa sababa jila Buttaan dammaqinsa uumuun gara qabsoo siyaasaatti ce’uuf haala mijeessuudha. Jila kanaan sirna aangoo sanyiin walitti dabarsu, abbaa irrummaan uummata bulchu falma. Diddaan aadaa kun filannoон biraajiraachuu uummattati beeksisuudha. Sirnichi eebba maanguddoon eegaluun bu’ura aadaa Oromoo barsiisuufi agarsiisuuf gargaara. Uummatni bal’aaifi kanneen dammaqinsa hinqabne, kanneen akka Fiqiriifi ijoollee ishee irratti argamuun dammaqinsa argachuufi.

Karaa bira, Oromootni iddoor garaagaraa irratti argamuun tokkummaa Oromoo cimsuufi. Magaalota koonyaalee Wallaggaa akka Naqamtee, Jimmaa Arjoo, Gimbi, Qeellam, Horroo Guduruufi Asoosaallee irratti aragamaniiru (f.151). Raawwileen aadaaakkanaa tokkoon tokkummaa Oromoo cimsuuf, karaa bira, diddaa aadaa akeekaa. Raawwiin aadaaakkanaa akkuma sabboonummaa aadaa Kaatalaan cimsu keessatti gahee bahe (Gi’ooriin, 2017), kan Oromoo keessatti mul’achuu agarsiisa. Akka Gi’ooriin ibsetti, raawwiin aadaa kun “hooggansa aadaa” uuma. Hawaasni tokko aadaa issaan akka durfamu taasisuun kaleessa isaa mil’achuun ka’umsa akka taasifatu gargaara. Karaa bira, humna hawaasomsuu (socialization) uuma. Kun immoo ijaarsa biyyaaf illee xurree ta’uu mul’isa.

Egaa, raawwii aadaa kana keessatti gochiifi jechoonni sandaabaa haala hawasummaa bal’aa uumuu qaba. Qabiyyeen haasaa Sandaabaan jilicha irratti dubbatame seenaa qabsoo sabichaa, haala yeroo sanaafi egeree qabsoo agarsiisa. “Nuti Oromootnis waggoota 100 dabraniif nafxanyootni walitti darbanii nubitanii. Egaa, yoo jabaannee qabsoofne malee akka Afrikaa Kibbaa, Hindii, Paakistaniifi biyyoota naannoo sanaa waggoota dheeraadhaaf harka alagaa jala turuu dandenya” (f.151). Akekkachiisni haasaa jila kanaa irratti dhihaate mijaa’ummaa sabboonummaa aadaa kan siyaasaatti ce’uuf qabu mirkaneessa. Sabni eenyummaa waloo isaatti dammaqee walitti qabame gara sabboonummaa siyaasaatti ce’uun galma aangoo harkatti galfachuun ofbilisoomsuu akka qabaatuufi. Galma gahinsi qabsoo immoo deeggarsa yaadaa, maallaqaa, beekumsaa akka barbaadu akeekuu “jecharraa gara gochaatti” ceesisuuf hamileen guuta. Kun walooma uummata Oromoos akeekuu dhihaate. Dhimma kanarraas kan hubatamu ce’umsi sabboonummaa aadaa gara sabboonummaa siyaasaatti taasifamu kan jechaan dubbatan gara gochaatti jijiiruu danda’uuni. Kunis, dammaqinsa namootaa, jabina sansaka qabaniin murtawaawa.

Dhuma irratti haala diddaa aadaa asoosama “Burreen Bifa Tokko Miti” keessatti mul’ateen eenyummaa waloo Oromoo ibsuufi tiksuuf ooleera. Waldiddaa Tolasaafi Bagidduu, akkasumas Tolasaafi Nigusee Ganamoo jidduutti mudateen Nuguseeffi Bagidduu Tolasaadhaan lubbu dhabaniiru. Rakkoo mudate furuuf maatiin Tolasaafi Nugusee “sirna Gumaan” yemmuu fixatan, maatiin Bagidduu “aadaa gumaa

baasuu malee, nyaachuu” hin qabnu jechuun diddaa itti fufan. Tolasaanis, yeroo kana Bagidduu akka hin ajjeesne haale. Kun agarsiistuu diddaa aadaati.

Walumaagalatti, sabboonummaan aadaa eenyummaa waloofi aadaa irratti dhaabbate gara sabboonummaa siyaasaatti ceesisuuf qophaa’ummaa kan agarsiisu ta’udha. Kana gochuuf immoo diddaan aadaa dammaqinsa uumu murteessaa ta’uu agarsiisa. Haata’umalee, sansakni namoota hundumaa qophaa’ummaa walqixa qabaachuu dhiisa. Akka Asaffaan (2007) ibsu, ammi bilchina Oromummaa namootaa dammaqinsa isaa/ishee madaala. Warreen ilaalcha Oromummaa guddifatan beekumsa aadaa kan qabaniifi qabsoo eenyummaatiifis warreen ofkennaniidha.

5. Guduunfaa

Hafeefi seenessama asoosamoota filataman irraa xiinxalli taasifame sabboonummaa aadaafi akeeka isaa agarsiiseera. Sabboonummaan aadaa ibsituu “waloominaa” ta’uun dammaqinsa “nuyii”fi “Isaanii”tiif karaa ta’uun mul’ateera. Oromoone maqaafi eenyummaa isaa ganamaatti deebi’uun tokkoon walooma isaaaf beekamtii kennuu, karaa biraa ‘birmadummaa’ isaa tiksuff akka cichu taasisa. Kun immoo sabboonummaan aadaa “mil’uu kaleessaa” ta’uu agarsiisuu qofa osoo hintaane, ofitti deebi’uu, aadaarrraa ka’uu eenyummaa Oromummaa isaa karaa duudhaalee Gadaan mul’iseera. Oromoofi eenyummaan waloo isaa bu’uura sabboonummaa aadaa akeeka. Sabboonummaan aadaa mil’uu kaleessaa ta’uifi handhuurri isaa immoo raawwii aadaa ta’uutu mul’ate. Raawwiin aadaa kun tokkoon gochaalee akkamalee aadaa tokko keessatti dhorkaman dhabamsiisuufi falmuuf, karaa biraa diddaa aadaa biraa agarsiisuu oola.

Diddaan aadaa kunis raawwii aadaan kan dursamu ta’ee ce’umsa hawaasaa mirkaneessuun sabboonummaa siyaasaaf karaa bane. Caalattuu akka seenessaafi hafee asoosama “Yoomi Laataa?” irraa hubatame sabboonummaa aadaa irraa gara kaayyoo aangoo siyaasaa gonfachuuf taasifamuutti ce’uu akeke. Fayidaan sabboonummaa aadaa dursa cimsuu walooma itichuufidha. Waloomni eenyummaa Oromo mul’achuun immoo rakkoo hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa ofii furachuuf, furmaata rakkof fala ofii qabaachuu akeeka. Aadaan wabii uummata tokkooakkuma ta’e, sabboonummaan aadas mil’uu kaleessaa ta’ee ce’umsa hawaasaa mirkaneessuuf, hawaasummaa uumuuf mijaa’ummaa qabaachuu qabiyyeefi seenessama asoosamoota Oromo filataman irraa mul’ateera. Dabalataan, asoosamoota kanneen keessatti kan mul’ate Sabboonummaa aadaa keessatti walooma dhiiraafi dubartii qofaa osoo hintaane, cichoomni, jabinni afuurummaafi qulqullummaan dubartiis mul’ateera.

Haala kanaan ija Yaaxxina Fakkoomii Dachee-Dubartiin walooma dhiiraafi dubartii, wayyummaan dubartiifi raawwileen aadaa eenyummaa Oromo agarsiisuu danda’eera. Kun immoo qeqqoo oguma Oromo keessatti kallattii qorannoo ta’us agarsiisa. Kanarraas kan guduunfamu asoosamoonni Oromo kunneen akkaatummaafi qabiyyeen ‘aadawaa’ ta’udha. Kanaafuu, qabiyyeefi seenessama asoosamoota Oromootiin dhimmi sabboonummaa aadaa Oromo keessatti dhihaatu xiyyeffannoo qorannoo ta’uu akka qabu akeeka.

Galata

Hojiin qorannoo kanaa akka galma gahuuf baajata barbaachisu baasuun kan deeggare, Yuunivarsiitii Bulee Horaa galateeffachuun barbaada. Caala immoo, qorannoo kana hojjachuuf ga’een gorsitoota koo iddo olaanaa qaba. Kanaafuu, Dr. Ashannaafii Balaayiifi Dr. Ayyalaa Kabbadaa onneerraan galateeffadha. Akkasumas, waraqaan qorannoo kana boca kana akka qabatuuf beekumsaafi muuxannoo isaanii kan nuuf arjooman maatii ‘Barruulee Gadaas’ ajaa’ibsiifachuun barbaada. Yaadoleen gulaaltotaan kennaman hojii kanaaf jabina ta’aniiru.

Dhuma irratti, asooseessitoota hojii isaaniin madda qorannoo beekumsa Oromoo ta'anis nan galateeffadha.

Wabiilee

- Abbas, H. (2002). Islam, the orthodox Church and Oromo nationalism (Ethiopia), *Cahiers d'études africaines*, 165 (1), pp. 99-120.
- Ajah, O.R. (2017). Nationalism and African Communal Identity in Marguerite Abouet's and Clement Oubrerie's Aya de Yopougon. *HSS*, vol. VI, no. 3: pp. 85-99.
- Asafa, J. (2007). *Oromummaa: Oromo Culture, Identity and Nationalism*. Atlanta, Georgia: Oromia Publishing Company.
- Asafa T. (2009). *Eela: Seenna Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.
- Asafa T. (2012). Some Notes on Oromo cultural Nationalism.
https://papers.ssrn.com/sol3/papers.cfm?abstract_id=2766592
- Asafa T. (2020). *Atee-Loon*. Finfinnee. Raajii Printing
- Asebe, R and Tadesse, J. (2018). "Peace Is Not a Free Gift": Indigenous Conceptions of Peace among the Guji-Oromo in Southern Ethiopia. *Northeast African Studies*, Volume 18, Numbers 1-2, pp. 201-230.
- Ayele, K. (2022). Against the 'Great Tradition' Marginalization and resistance in Ethiopian novels in Afan Oromo and Amharic. Thesis Submitted for the Degree of PhD in Cultural, Literary and Postcolonial Studies, SOAS, University of London
- Baissa, L. (1995). The foundation and development of Oromo nationalism: some preliminary Observation. <https://oromocommentary.files.wordpress.com> vol. v, no. 1
- Dhaabaa, W. (2020). *Godaannisa* ["Scare"]: Asoosama Haaressame. Finfinnee: Ilsabaa printing, PLC.
- Dirribii, D. (2016). *ILAALCHA OROMOO: Barruu Aadaa, Seennaifi Amantaa Oromoo*. Finfinnee: Ilsabaa publishing.
- Enoredia, C.O. (2017). Historical Perspectives of African Nationalism: with Focus on Nigeria. *Journal of Economic Literature (JEL) codes*: F54, N17, N37, N47
- Gaaddisaa, B. (2015). *Burreen Bifa Tokko Miti* ["Variety Comes In many colors"]. Finfinnee.
- Gemetchu, M. (1996). "Oromummaa: Tradition, Consciousness and Identity". In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 92-102. Uppsala: The Red Sea Press Inc.
- Gemetchu, M. (2005). Oromo world view. *The journal Oromo studies*. 12(1), pp 68-79.
- Giori, P. (2015). Cultural nationalism: How are cultural practices involve in the nation-building process? *In Preserves identity: indentity in conflict*. (pp. 431-445). Peter Lang Suiza.
- Gun, J. Ph. (2018). African Nationalism from The Colonial Period to The Postcolonial Period. *Social Sciences Studies Journal (SSSJournal)* Vol:4 Issue:20 pp:2988-2995.
- Isaayyaas, H. (2010). *Yoomi Laataa* ["When shall it be"] Finfinne: Ethiopian Writers Association.
- Lewis, S.H. (1996). The Development of Oromo Political Consciousness from 1958 to 1994. In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 37-47 Uppsala. The Red Sea Press Inc.
- Merara, G. (2003). The Elite and the Quest for Peace, Democracy and Development in Ethiopian: Lessons to be learnt. *Northeast African Studies* vol.10 (2), pp. 141-164.
- Mekuria, B. (1996). Survival and Reconstruction of Oromo National Identity. In (P.T.W.

- Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 48-66. Uppsala. The Red Sea Press Inc.
- Mohammed, H. (1996). The development of Oromo Nationalism. In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 67-80. Uppsala. The Red Sea Press Inc.
- Mohammed, H. (2009). Oromo nationalism, and the continuous multi-faceted attack on the Oromo cultural, civic and political organisations in Exploring New Political Alternatives for the Oromo in Ethiopia, Siegfried Pausewang (ed). CMI. CHR Michelson Institute.
- Ngoh, S. E. (2016). Gendering Men: Masculinities, Nationalisms, and Post-Independence African Literature. Thesis Submitted to the graduate degree program in English and the Graduate Faculty of the University of Kansas in partial fulfillment of the requirements for the degree of Doctor of Philosophy.
- Ntalindwa, R. (1997). Nationalism and the East African Writer: The Position of Nuruddin Farah ufahamu: *A Journal of African Studies*, 25(3).
- Smith, A.D. (2009). *Ethno-symbolism and Nationalism, A cultural Approach*. Taylor & Francis e-Library. New York: Routledge press.
- Tashoma, E. (2013). A Feminist Reading of Selected Novels in Afan Oromo: A Study in Deconstruction. Addis Ababa University, A Dissertation Submitted to the Department of Foreign Languages and Literature for the Degree of Doctor of Philosophy in English Literature.
- Tesfaye, T. (2019). A History of Oromo Literature and Identity Issues (c.1840-1991). *PhD Thesis*. Addis Ababa University.
- Yaasoo, K. (2015). *Dibaa* [“Secret”]. Finfinnee.
- Yared, T. (2019). On the Question of Nationalities in Ethiopia – A Historical Review of Wallelign Mekonnen’s Article Half a Century Later. <https://www.satenaw.com>
- Zahorik, J. (2014). *Colonial Perspective and Nationalism(s) in Ethiopia in the Context of African Decolonization*. Plzeň, Czech Republic.